Bu'uuroota Amantii

Tajaajila Kristiyaanaa LHM - Itoophiyaa

Kutaa 2ffaa
Barumsa 5ffaa

Hafuura Qulqulluu

1. **Hafuurri qulqulluun eenyuu?**

   Hafuura qulqulluun waaqota sadan tokkummaa keessaa isa tokko, amalli Waaqayyoo keessa jiru hafuura qulqulluu keessas waan jirruuf hafuurri qulqulluun waaqa. Qor. 1ffaa - 3:16
   Dabalataan:- maatewos 3:16 Qor. 2ffaa 13:13

2. **Hojiin hafuura qulqulluu Maali?**

   Hafuurri qulqulluun namoonni Iyesuusitti akka amanan gargaara, eega amanan boodas isaan qulqulleessa. Qor. 1ffaa- 6:11

   Dabalataan:- Hizqeel -36:27 yohaannis - 16:7-8

3. **Hafuurri qulqulluun maaliif nu barbaachisa?**

   Humna keenya qofaadhaan gara Iyesuusitti dhiyaannee isatti amanuu hindandeenyu, gargaarssa hafuura qulqulluutiin garuu ni dandeenya.
   ... hafuura qulqulluudhaan malee Iyesuus gooftaadha. ... Qor 12:3

   Dabalataan: - Yohaannis 15:26, 16:13, 14:36

4. Hafuurri qulqulluun namoonni akka amanan, qulqullummaatti akka jiraatan gochuuf maal godha?

A) Nu waama, karaa wangeela gara Iyesus akka dhufnnufi eebba Waaqayyoo akka argannu godha.
.... ulfina gooftaa keenya Iyesus akka argannu karaa wangeelaa waamamnne - Tasaloonqqee 2ffaa 2:14
Dabalataan: -Maatewos 11:28 Qor 1ffaa 12:13

B) Akka nuuf galu nuu ibsa:- cubbamoota ta'uu keenya fayyina akka nu barbaachisu, Iyesus akka nuuf du'e kanas akka amannu nuuf ibsa (hubachiisa)
Yohaannis 3:6, 16:13 pheexiroos 1ffaa 2:9

C) Nu Qulqulleessa - Akka amannu taasisuudhaan eega amannee booda nu qulqulleessa, cubbuurraa fagaanne Waaqayyoon akka gammachiifnu humna nuu ta'a.
... hundumtuu kristoositti dhaloota ... Qor. 2ffaa 5:17
Dabalataan: - Roomaa 8:14 Tasaloonqqee 4:3

D) Amantii dhugaa akka qabaannu godha cubbamoota waan taaneef gara jireenya keenya isa duraatti deebi'uuf ni qoramna, Haa ta'u malee hafuurri qulqulluun nu gargaara, sagaleesaafi dhokssaa qulqulla'aatiin keessa keenyatti waan hojjetuuf amantiidhaan akka guddannu dhumarratti dhaaltuu mootummaa Waaqayyoo akka ta'ann nu gargaara. Filiphisiyuus 1:6
Dabalataan Pheexiroos 1ffaa 1:15

5. Hufuurri qulqulluun attamitti nu hubachiisa, nu qulqulleessa, nu eegaa?

Hafuurri qulqulluun kana hundumaa kan hojjetu sagalee Waaqayyootiin (Macaafa qulqulluu) dhokssaa qulqulla'aa (Cuuphaa, Irbaata qu'qulluu) ti. Isaan kun dhokssaa ayyaana Waaqayyoo jedhamu Sababiinsaa hafuurri qulqulluun karaa kana araaraa fi ayyaana Waaqayyoo nuu fida.
Ximootewos 2ffaa 2:16 Maarqos 16:16 Qor 1ffaa 1:26

6. Hafuurri qulqulluun sagaleesaatiin attamitti hojjeta?

Macaafa qulqulluu yemmuu dubbifannu abboommi Waaqayyoo akka eegnnuuf kaa'e sana cabsuu keenyaaf cubbuutti galuu keenya akka hubannu godha. Iyesus immoo waa'ee cubbuu keenyaaf akka du'e caafatichuma keessaa yemmuu arginu fannoosaatiin dhiifama cubbuu argachuu keenya nutti hima, araara argachuu keenya eega nu hubachisee booda jireenya bara baraatti nu geessa. Room. 10:17
Dabalataan: - Yohaannis 14:26 Qor. 1ffaa 2:13 Yohaanis 1ffaa 2:27

7. Hafuurri qulqulluun karaa dhokssaa qulqulla'aa attamitiin hojjeta?

... Karaa cuuphaa dhiifama cubbuu .. Mar. 16:16
Kennaa qulqulluudhaan dhiifamuu cubbuufi jireenya eebbifamaa akka argannu hafuura qulqulluutu humna nuuf ta'a.

8. Hafuurri qulqulluun jireenya qulqulla'aa akka jiraannu humna nuuf ta'a yemmuu jennu amantoonni attamitti hubatu?

Hafuurri qulqulluun amantoonni Iyesusiin akka amanan humna ta'af, Waaqayyoon akka hubatan, akka hojjetanif, amantiitti akka ciman, qoramsa akka mo'aan kan isaan dandeetti ibsanitiin gochuu hin dandeenye akka dandaan taasisa. Yohaannis 14:17 Rooma 8:9 Qor. 1ffaa 3:16

9. Jireenya isa haaraafi qulqulla'aa attamitti cimsachuun danda'aama?

Jireenya isa haaraafi qululla'aa ta'uusa beeknneerra. Innis,

1) Sagalee Waaqayyoo yeroo hunda dhaga'uu
2) Macaafa qulqulluu dubbisuufi qayyabachuu
3) Kakuu cuuphaa yaadachaa karaa kanas ilma Waaqayyoo ta'uu kee amani
4) Kennaa Irbaata qulqulluutti dhiyaadhu.
   " barumsi waa'ee dhimmoota amantirratti qophaan asirratti xumurama"

Yaada armaan gadii keessa tokko filadhu.

1) Barumsa ittifufee jiru " amantiitti guddachuu" isa jedhu naaf haa ergamu
2) Yeroo _____ keessa naaf haa ergamu
3) Barumsicha ittifufuu hin barbaadu

Xumura Kutaa 2 ffaa Barumsa 5 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaaffiwwan kutaa 2ffaa
Barumsa 5ffaa

1. Jecha sirrii ta'e filadhu.

   ( ) Hafuurri qulqulluun waaqa dhugaadha.
   ( ) Hafuurri abbaafi ilmaa wajjiin walqixxeedha.
   ( ) Hafuurri qulqulluun laphee amantootaa keessa jiraata.

2. Hojiin hafuura qulqulluu maalii?

   _____

   _____

   _____

3. Qor1ffaa 12:3 barreesi.

   _____

   _____

   _____

4. Hafuurri qulqulluun si barbaachisaa?

   _____

   _____

   Maaliif_____

5. Hafuurri qulqulluun namoonni akka amanan fi qulqullaan maal godha

   A) _____

   B) _____

   C) _____

   D) _____

6. Jechoota kana hiiki.

   A) Qulqullaa'u

   _____

   _____

B) Ibsuu

_____

_____

7. Hafuurri qulqulluun attamitti nuuf ibsa (hubachiisa) nu qulqulleessa, nu eegaa?

_____

_____

_____

8. Namni eega Iyesuusiin amanee booda hafuurri qulqulluun isa hin barbaachisu

(Dhugaa) ykn (Soba)

9. Sirri isa ta'e filadhu.
   ( ) Amanaan waa'ee fayyinnasaatiif kan inni amanatu lubicha.
   ( ) Amanaan waaqayyo kan isa irraa barbaaduufi kan gochuu qabuufi hin qabnne ni beeka.
   ( ) Amanaan Waaqayyoof kan hojjetu hojii gaarii hojjeteen mootummaa Waaqayyoo akka dhaaluufi
   ( ) Amanaan waa'ee Iyesus warra birootiif gammachuudhaan hima.
   ( ) Amanaan waa'ee Kristoos warra birootti kan hin himnne hojichi kan lubootaa waan ta'eefi.

10. Jireenyaa haaraa fi qulqula'aatti attamitti cimuu dandeessa?
    A) _____
    B) _____
    C) _____

Maqaa _____ _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____